OROMIFFA الأرومية

# SOOMNI LAMATTI QOODAMA

**SUNNAA :** Waan jara armaan olii male jiru keessatti

**DIRQAMA :** Ramadaana, Kaffaaraa fi Nazrii keessatti

**HIIKA SOOMAA**

Sooma jechuun Fajriin dhugaa bahuurraa eegalee hanga aduun seentutti nyaata, dhugaatii fi waan nama faxarsiisu biroorraa of qabuudhaan Rabbiin gabbaruudha

# SOOMNI RUKNII LAMA QABA

## 1 Niyyaa

| NIYYAA SUNNAA | NIYYAA DIRQAMAA |
|---|---|
| Yoo waan isa faxarsiisuun hin dhufin guyyaarraa sa'aatii kamiyyuu niyyachuu ni danda'a. Garuu mindaan yeroo niyyaterraa eegaleeti. | Sooma dirqamaa keessstti Fajriin bahuun dura halkanirraa niyyatanii bulfachuurraa hafiinsi hin jiru. Baatiin Ramadaanaa seenuudhaan niyyaa hidhachuun ni danda'ama. Niyyaan qalbiidhaan niyyatama. Afaaniin dubbachuun bid'aadha. |

## 2 Waan nama faxarsiisurraa of qabuu



**GARII WAAN NAMA SOOMUUF HEYYAMAMUU**

- Haajaadhaaf nyaata dhandhamuu
- Gorora liqimsuu
- Dhiqachuu
- Ilkaan rigachuu
- Urgooftuu dibachuu
- Qabbaneeffachuu

**WANTOOTA SOOMA BALLEESSANU**

1-Beekaa nyaachuu ykn dhuguu, Namni dagatee nyaatee ykn dhuge soomni isaa sirriidha
2-Wol-quunnamtii saalaa, Yoo guyyaa Ramadaanaa keessa ta'e soomuun isarratti dirqama. Kaffaaraa ulfaataatu isa eeggata
3-Maniyyii buusuu
4-Waan bakka nyaataa fi dhigaatii bu'u, Fkn Marfee sooratаa
5-Koobbannaadhaan dhiiga baasuu 6-Barbaadeetuma haqqisuu
7-Dhiigni Haydii fi Dahumsaa bahuu

## ULAAGAA SOOMNI ITTIINI DIRQAMA TA'U

1. ISLIMNAA QABAACHUU
2. AQLII QABAACHUU
3. GAHUU, NAMNI HIN GAHIN SOOMA KEESSATTI NI KAJEELCHIFAMA, MOO'AAN ISAA SOOMATTI NI AJAJAAN
4. BIYYA JIRAACHUU, MUSAAFIRA IRRATTI SOOMNI DIRQAMA HIN TA'U, CAALAAN SOOMUUDHA WAAN ISARRATTI HIN JABAATINIIN, WAAN ERGAMAAN RABBII S.A.W DALAGEEF JENNAAN, SOOMUUTU GURMUU QULQULLEESSUUF ARIFATAADHA, NAMA DIRQISIIFAMERRATTI LAAFAADHA, SADSRKAA BAATICHAA QAQQABACHUUFIS JENNAAN
5. FAYYUMMAA
6. DHIIGA HAYDII FI DAHUMSAARRAA QULQULLUU TA'UU

**NAMA SOOMURRATTI WAAN HARAAMA TA'U**

1- AAKKEE LIQIMSUU, ITTIIN HIN FAXARU
2-NAMA SOOMNI ISAA BADUU HIN AMANNERRATTI DHUNGOO
3-JECHA KIJIBAA ( INNI DALAGAA HARAAMA TA'E MARA )
4-WOLLAALUMINA ( INNI GOWWUMMAADHA )
5- WOLITTI FUFUU ( GUYYAA 2 UTUU HIN FAXARIN WOLITTI FUFEE SOOMUU JECHUUDHA )

**SOOMAA KEESSATTI WONTOOTA JIBBAMANU**

1 -LULLUUQQACHUU FI FUNYAANIIN OL FUUCHUU KEESSATTI DAANGAAN GAHUU
2 -HAAJAAF MALE NYAATA DHANDHAMUU